Gadaa Journal/Barruulee Gadaa

Vol. 7 No. 1 January 2024
https:journals.ju.edu.et

e-ISSN: 2616-3985
p-ISSN: 2616-3977

A Bilingual Journal of the Institute of Oromo Studies (IOS) Jimma University

---

*Full Length Research Paper*

# Xiinxala Maqaalee Nama Dhuunfaa Oromoo Booranaa: Ija Xiinjecha Afaan Oromootiin

**Dabalaa Tamasgeen[1*], Alamaayyoo Faqqadaa[2] (PhD), Aliimaa Jibriil[3] (PhD)**

[1]Yuunivarsiitii Wallaggaa Dhaabbata Qorannoo Afaaniifi Gazexeessummaatti Kaadhimamaa PhD;
Imeelii: dabalatgudata2022@gmail.com
[2]Yuunivarsiitii Jimmaa Kollejjii Saayinsii Hawaasaafi Namummaa; Imeelii: guurii2016@yahoo.com
[3]Yuunivarsiitii Wallaggaa Dhaabbata Qorannoo Afaaniifi Gazexeessummaa; Imeelii: alimajibril@gmail.com

Submission Date: Augest 07, 2023
Acceptance Date: December 28, 2023

***Axareeraa***

*Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa, maqaalee nama dhuunfaa Oromoo Booranaa ija xiinjecha Afaan Oromootiin xiinxaluudha. Kaayyoon gooree immoo, akkaataa uumamsaafi caasaa maqaaleen nama dhuunfaa Oromoo Booranaa qaban ibsuudha. Sababni kaayyoon kun xiyyeeffatameefis, qaawwi qorannoo jiraachuu; akkaataa uumamsaafi caasaa maqaaleen kunniin qaban qorachuun barreeffamaan olkaa'uufiidha. Malli qorannichaa akkamtaa ta'ee, akaakuun isaa ibsaadha. Maddi ragaalee, madda ragaa tokkoffaafi lammaffaati. Malli iddatteessuu, iddatteessuu mit-carraa keessaa kayyeeffataadha. Tooftaalee ragaaleen ittiin guuraman immoo, afgaaffiifi qaaccessa dookimantiiti. Ragaaleen guuraman kunniin, yaaxxina xiinlatawaa jechootaa bu'uura taasifachuun mala ibsaatiin xiinxalaman. Ragaalee xiinxalaman irraa bu'aan argame: Maqaaleen nama dhuunfaa Oromoo Booranaa, walitti qindoomina gareewwan jechootaafi qaamota jechoota Afaan Oromoo garagaraafi latiilee irraa kan uumamaniifi amaloota garee jechaa afaanichaa kan calaqqisiisaniidha. Innis, walitti qindoomina maqibsaafi latiilee, maqaalee biroofi latiilee, jechoota qabiyyeefi jechoota tajaajilaa, jechoota tajaajilaafi bamaqaa, hundee jechaafi latiileerraa; maqibsii qofarraa; jechoota qabiyyee qofarraa; jechoota tajaajilaa qofarraa; adeemsa kutanii hidhuutiin kan uumamaniidha. Haalota kana keessatti latiileen /-aa/, /-a/, /ϕ/, /-cha/, /-tuu/, /-tii/, /-oo/, /-o/, /a-/, /-sa/, /-ee/, /-e/, /-lee/, /-ii/ jedhaman haala garagaraan fufamuun tajaajila maqeessuu, murteessuufi koorniyaa agarsiisu. Caasaa maqaaleen haala kanaan uumaman qaban immoo, amala jecha salphaa, dachaa, xaxamaafi dachaa xaxamaa Afaan Oromoo calaqqisiisu. Gabaabumatti, maqaan ogumdaneessa waan ta'eef, qorattoonni yaaxxina xiinlatawaa jechootaas ta'e, kallattii biroon uunkaafi caasaa maqaaleen nama dhuunfaa yeroo ammaa galumsa aadaa Oromoo garagaraa keessatti moggaaffamaa jiran, qorachuun ifoomsuun barbaachisaadha. Akkasumas, hayyoonni xiinqooqaa qorannoowwan gama xiinqooqa Afaan Oromootiin jiran muraasa waan ta'aniif, osoo xiyyeeffannoo addaatiin irratti hojjetamee gaariidha.*

**Jechoota Ijoo:** *Afaan Oromoo, maqaa nama dhuunfaa, Oromoo Booranaa, xiinjecha, Xiinqooqa*

---



---
*

# Morphological Analysis of Borana Oromo Personal Names: The Perspective of Afaan Oromoo Morphology


## Abstract

*The major objective of this research is to examine Borana Oromoo personal names from the perspective of Afaan Oromoo morphological analysis. The specific objectives of the study are to describe the formation, nature and structure of personal names of the Borana Oromoo. The reason this objective is focused on to fill the gaps observed in the research; and to examine the formation and structure of these personal names and preserve in written form. The methodology of the research is qualitative research in which descriptive method of data analysis is implemented. Sources of data are primary and secondary. The sampling technique is targeted in non-random sampling in which purposive sampling method was used. The data collection strategies were interviews and document analysis. The data collected were analyzed by descriptive methods based on lexical morphological theory. The findings from the data analysed are: personal names in the Borana Oromoo are formed from the different parts of speech and parts of words and morphemes reflecting the characteristics of these parts of speech. That means the names are formed from the combination of adjectives and morphemes, other nouns and morphemes, content words and functional words, functional words and pronouns, root words and morphemes; from adjectives alone; from content words alone; and from functional words alone. Moreover, the names are also formed in the process of blending different forms of words. In this formation, morphemes such as /-aa/, /-a/, /ϕ/, /-cha/, /-tuu/, /-tii/, /-oo/, /-o/, /a-/, /-sa/, /-ee/, /-e/, /-lee/, /-ii/ are used as to make nominalization, identifiers and gender indicators. The structures of these personal names in this formation have the characteristics of simple, compound, complex and compound complex words. In general, since personal names are very multidiscipinary, researchers are struggling to analyse personal names both in forms and structures of contemporary personal names based on the cultural context in which the names are bestowed. In addition, since few researches are done in the areas of Afaan Oromoo linguistics, it is recommended that additional researches have to be done and given special attention.*


**Key Terms:** *Afaan Oromoo, personnel name, Oromoo Booranaa, Lingustics, morphology*

------------------------------------------------------------------------------------------------

## 1. Seensa

### 1.1 Seenduubee Qorannichaa

Maqaan ogumdaneessa kan ta'eefi xiyyeeffannoo falaasfoota afaaniifi aadaa, akkasumas, qorattoota xiinqooqa hawaasaa kan argateedha (Rey, 1995, f. 24). Yaadrimeen kun, maqaan damee beekumsa garagaraa waliin hariiroo kan qabuufi achi keessattis qoratamuufi xiinxalamuun hiika argachuu akka danda'u ifoomsa. Akkasumas, maqaan akkaataa hawaasni tokko itti yaadu, naannoo isaa ittiin ilaaluufi ibsu, jireenya guyyuu hawaasaa giddu galeeffachuun kan moggaafamuufi hiika argatuudha (Agyekum, 2006). Maqaan immoo, akka addunyaattis ta'e, galumsa aadaa Oromoo keessatti dhimmoota garagaraaf moggaafamu. Yaada kana kan tumsu, Mphela (2010, f. 1) akka ibsutti, maqaan nama dhuunfaaf, bakkeewwaniif, magaalotaaf, haala teessuma lafaafi dhimmoota hawaasaa adda addaaf kan moggaafamuudha. Yaadrimeen kun maqaan namaafis ta'e, uumama birootiif kan moggaafamu ta'uusaa mul'isa. Qorannoon kunis, maqaalee nama dhuunfaa Oromoo Booranaa kallattii xiinqooqa gooree murtaa'inaan seeraafi sirna xiinjecha Afaan Oromoo xiyyeeffatee gaggeeffame.

Xiinjechi immoo saayinsii keessoo jechootaafi adeemsa uumamsa jechootaa kan qoratuudha (Booij, 2012, f. 4). Qorannoo kana keessattis, amaloota xiinjecha Afaan Oromoo maqaaleen nama dhuunfaa Oromoo Booranaa qaban xiinxaluuf, yaaxxina xiinlatawaa jechootaa (lexical morphological theory) kan katamba (1993) fi moodela xiinqooqa seerluga maddisiisaa kan Choamsky (1957) bu'uureesetti dhimma ba'ame. Innis seera dhaabbataan (murtaa'aan) maqaaleen daangaa maleessa ta'an akkaataa itti uumamaniifi amala isaan qaban xiinxaluun ibsuuf kan gargaaruudha (Kongofi Mends 2016). Akkasumas, yaaxxinni xiinlatawaa jechootaa, qaamonni jechootaa walitti dhufanii maqaa nama dhuunfaa ijaaran tokkoo tokkoon isaanii hiika akkamii akka qaban? Adeemsa jechoonniifi latiileen

walitti qindaa'anii maqaa nama dhuunfaa uumaniifi latiileen kunniin immoo hiika, caasaafi faayidaa isaan uunkaa maqaa nama dhuunfaa keessatti qaban xiinxaluuf kan gargaaru waan ta'eefiidha (Mathew, 2000).

Haaluma walfakkaatuun, yaaxxinni xiinlatawaa jechootaa xiyyeeffannoon isaa akkaataa maqaaleen ittiin uumamaniifi amala xiinqooqaa isaan calaqqisiisaniidha. Yaada kana kan deeggaru, Kabaso (2016, f. 9) akka ibsutti, "Lexical morphological theory primarly concerns with word formation, derivation and compounding of selected names as linguistic signs" jedha. Kanarraa kan hubatamu, yaaxxinni xiinlatawaa jechootaa adda durummaan uumamsa jechootaa keessatti, maqaaleen uumamuufi maxxanfachuun xiinqooqa ibsuu kan danda'an ta'uusaa mul'isa. Qorannoonis, bu'uura yaadrimeewwan kanaan maqaaleen nama dhuunfaa Oromoo Booranaa amaloota xiinlatawaa Afaan Oromoo isaan calaqqisiisaniifi akkaataa uumamsaa (maxxanfachuu, makoo, kutanii hidhuu…) isaanii xiyyeeffachuun gaggeeffame.

### 1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Qorannoon kun maqaalee nama dhuunfaa Oromoo Booranaa ija xiinjecha Afaan Oromoo xiyyeeffachuun geggeeffame. Mataduree kanarratti qorannoon akkan gaggeessinuuf kan nukakaase, qaawwi qorannoo jiraachuudha. Haata'umalee, maqaa nama dhuunfaa Oromoo irratti qorannoon gaggeeffame hinjiru jechuu miti. Fakkeenyaaf, Alima (2018) maqaafi maqbaasa nama dhuunfaa Oromoo Wallagga bahaa; Tesfaye (2014) xiinhiika dhamjechaa maqaalee nama dhuunfaa Oromoo; Gumi (2018) maqbaasni nama dhuunfaa akkaataa ittiin eenyummaafi aadaa Gujii kuusuu irratti qabu; Ayelefi Wandimu (2017) Maqaalee nama dhuunfaa Afaan Oromootiin moggaafamaniifi akkaataa isaan ittiin moggaaffaman; Dabalaa Tamasgeen, Alamaayyoo Faqqadaafi Aliimaa Jibriil (2022) xiinhiika maqaalee nama dhuunfaa Oromoo Booranaa filataman jedhu irratti qoratanii jiru. Qorattoonni kunniin maqaalee nama dhuunfaa irratti qorannoo haagaggeessan malee uumamsaafi caasaa xiinjecha Afaan Oromoo maqaaleen nama dhuunfaa Oromoo Booranaa qaban hintuqne. Kunimmoo, maqaalee nama dhuunfaa Oromoo Booranaa, uunkaa akkamii akka qaban, akkamitti koorniyaa akka agarsiisaniifi caasaa jechoota Afaan Oromoo isaan calaqqisiisan irratti qaawwi qorannoo jiraachuu isaa agarsiisa. Kanaaf, qorataan gama kanaan qaawwi qorannoo jiraachuu isaa waan hubateef, xiyyeeffachuun qorannoo irratti gaggeessine.

Gaaffileen bu'uuraa qorannoo kanaa:

- Maqaaleen nama dhuunfaa Oromoo Booranaa adeemsa akkamiin uumamu?
- Maqaaleen nama dhuunfaa Oromoo Booranaa uunkaafi caasaa akkamii qabu?

### 1.3 Kaayyoo Qorannichaa

Kaayyoleen gooree qorannoo kanaa immoo:

- Adeemsa uumamsa maqaalee nama dhuunfaa Oromoo Booranaa addeessuu.
- Uunkaafi caasaa maqaaleen nama dhuunfaa Oromoo Booranaa qaban ibsuu.

## 2. Sakatta'a Barruu

Xiinjechi damee xiinqooqaa uumamaafi hormaata jechootaa, akkasumas, uunkaafi hariiroo jechoonni waliin qaban xiinxaluudha. Yaada kana waliin kan walqabatu, Anderson (1992) xiinjechi akkaataa jechoonni afaan tokkoo ittiin walhoran, uunkaa isaan qabaniifi hariiroo jechoota gidduu jiru kan qoratu ta'uusaa ibsa. Kun xiinjechi hariiroo jechootaafi faayidaa isaan afaan hawaasichaa keessatti qaban kan xiinxalu ta'uusaa ibsa. Haaluma walfakkaatuun, Lieber (2010, f. 2) xiinjechi saayinsii keessoo jechootaa qoratuufi uunkaa yookiin qajeelfama jechoonni afaan tokkoo seera afaanichaa hordofuun walhoraniifi uumaman kan xiinxaluudha. Yaadni 'Anderson fi Lieber' kan agarsiisu, xiinjechi saayinsii keessoo jechootaafi hiika qaamoleen keessoo jechootaa qaban, akkasumas, amaloota jechootni afaan tokko keessa jiran calaqqisiisan kan qoratu ta'uusaa mul'isa.

Qorattoonnis akaakuu maqaalee keessaa uunkaafi caasaa keessoo maqaaleen nama dhuunfaa Oromoo Booranaa qaban, bu'uura seeraafi sirna xiinjechaa Afaan Oromootiin xiinxalan. Akka Ayele fi Wondimu (2017) dhimmoota xiinjechi qorachuu danda'u akka ibsanitti, "Dhimmoota qorannoo xiinjechaa keessaa tokko maqaafi uunkaalee maqaaleen dhuunfaa qaban xiinxaluudha" jedha. Akkasumas, xiinjecha ilaalchisee, Addunyaa (2011, f. 62) akka ibsutti, "Xiyyeeffannoon caasaa sadarkaa xiinjechaa amala jechoonni bu'uuraafi jechoonni ijaaraman qabaniifi seerota isaan ittiin to'ataman kan balballoomsuudha". Yaadrimeen kun, xiinjechi uunkaa jechootaa kan qoratu ta'uusaa ifoomsa.

Dabalataanis, maqaaleen nama dhuunfaa adeemsa qindaa'ina dhamjechootaa kanneen akka maxxanfachuu, irradeddeebii jechootaafi adeemsa makootiin uumamuu danda'u. Yaada kana kan deeggaru, Kongo fi Mends (2016, f. 610) caasaa xiinjechaa maqaalee nama dhuunfaa akka ibsanitti, "Morphological structure of personal names has revealed various morphological processes in the language that include affixation, reduplication and compounding". Yaadni kun maqaaleen nama dhuunfaa afaan hawaasa tokkoo keessatti jechoota bu'uuraa yookiin jechoota bu'uuraa irratti dhamjechoota maxxanfachuun, irradeddeebiifi walitti makamuu jechootaatiin kan uumamuu dandaa'an ta'uusaa kan ifoomsuudha. Kun immoo maqaaleen nama dhuunfaa, amaloota jechoota Afaan keessatti moggaafamuu kan qabu ta'uusaa agarsiisa. Kanaaf qorattoonni ija caasaa xiinjechaa Afaan Oromootiin maqaalee nama dhuunfaa Oromoo Booranaaf moggaafaman murtaa'inaan yaaxxina xiinlatawaa jechootaa bu'uura taasifachuun xiinxalaniiru.

Haaluma walfakkaatuun, Anindo (2016, f. 11) xiinxala caasaa xiinjechaa maqaalee akka ibsutti, caasaa xiinjechaa keessatti, hiika kallattiifi bakka bu'insaa maqaaleen qaban, akkasumas, walitti hidhamiinsa maqaafi bakka bu'aa maqaa gidduu jiru ibsuuf, caasaa xiinjechaa maqaalee xiinxaluun barbaachisaa ta'uusaa ibsa. Kana jechuun maqaaleen hiika kallattiifi bakka bu'iinsa isaan qaban beekuuf, xiinxala xiinjechaa maqaalee nama dhuunfaa taasisuun barbaachisa jechuudha. Kanaaf, maqaaleen namaa amala jechoota salphaa, dachaa, xaxamaafi dachaa xaxamaa Afaan Oromoo isaan calaqqisiisan xiyyeeffannoon xiinxalaman. Caasaa jechootni qaban, Carstairs (2002) akka ibsutti, jechi salphaa jecha dhamjecha dhaabbataa tokko irraa kan uumamuufi dhamjecha hiika qabutti caccabuu kan hindandeenye; jechi dachaa dhamjechoota dhaabbatoo lamaafi isaa olirraa kan uumamuufi dhamjecha hiika qabutti caccabuu kan danda'u; jechi xaxamaa dhamjecha dhaabbataa tokkoofi hirkataa tokkorraa kan uumamuufi caasaa hiika qabutti caccabuu kan danda'u; jechi dachaa xaxamaa dhamjecha dhaabbataa lamaafi isaa oli irraa kan uumamuufi dhamjecha hiika qabutti caccabuu kan danda'uudha. Qorattoonnis bu'uura kanaan caasaa maqaaleen namaa Oromoo Booranaa qaban xiinxaluun ibsaniiru.

Dabalataanis, maqaaleen nama dhuunfaa gareewwan jechoota adda addaa irraa ijaaramuu danda'u. Yaada kana kan tumsu, Alima (2018) akka ibsitutti, maqaaleen nama dhuunfaa hundee xumuraa, maqaalee biroo, maqibsitoota, qindoomina hundee jechaafi dhamjechootaa, qindoomina jechoota qabiyyeefi jechoota tajaajilaarraa uumamuu akka danda'an ibsa. Kana jechuun maqaaleen nama dhuunfaa walitti qindoomina hundee xumuraafi dhamjecha maqeessituun, walitti qindoomina maqaalee biroo (maqaa gamtaa, maqaa killayaa, maqaa garee, maqaa waliinii), maqibsootaafi dhamjechoota maqeessituutiin kan uumamaniidha. Akkasumas, qindoomina dhamjechoota hirkatoofi gareewwan jechoota ofi danda'oon, walitti qindaa'ina jechoota qabiyyeefi jechoota tajaajilaa irraa uumamuu danda'u. Kanaaf, qorattoonnis yaadrimee kanaan maqaalee nama dhuunfaa Oromoo Booranaa xiinxaluun ibsanii jiru.

Ittifufuun, jechoonni qofaa dhaabbatanis ta'ee, dhamjechoota maxxanfachuudhaan tajaajila garagaraa kanneen akka koorniyaa, ramaddii, lakkoofsaafi maayii agarsiisuu danda'u.Tajaajiloonni kun amala maqaalee gareewwan biroo irratti kan mul'atan yoo ta'ullee, maqaalee nama dhuunfaa koorniyaa agarsiisan irratti nimul'atu (Cherinet, 2002, f. 4). Kanarraa kan hubatamu, maqaaleen latiilee

maxxanfachuun, akkasumas, osoo latiilee hinmaxxanfatiin koorniyaa agarsiisuu yookiin ibsuu kan danda'an ta'uusaati. Qorattoonnis, yaadrimee kana bu'uura taasifachuun maqaalee nama dhuunfaa Oromoo Booranaa xiinxalaniiru.

Murtaa'inaan, Afaan Oromoo keessatti maqaaleen adeemsa dhamjecha maxxanfachuun (by affixation) fi jechoota walitti makuudhaan, kutanii hidhuudhaan (by compounding/blending words) ni uumamu (Mitikkuu Dhibbeessaafi Gammachuu Galaalchaa, 1992, f. 62). Akkasumas, maqaaleen jechoota maqaalee hinta'iin irratti dhamjechoota maqeessituu (nominal affixes) maxxanfachuudhaanis ni'uumamu (Abarraa Nafaa, Mitikkuu Dhibbeessaafi Temesgen Nagasaa, 1996). Yaadrimeen kun, maqaaleen seeraafi sirna afaan keessatti moggaaffaman kan calaqqisiisan ta'uusaa mul'isa. Kana jechuun maqaaleen Afaan Oromoo keessatti adeemsa jecha ofi danda'aa irratti dhamjecha maxxansuun, jechoota ofi danda'oo lama walitti makuufi kutanii hidhuutiin uumamuu danda'u jechuudha. Qorattoonnis, seeraafi sirna jechoonni Afaan Oromoo hordofuudhaan uumaman bu'uura taasifachuun maqaalee namaa Oromoo Booranaa xiinxalu keessatti fayyadamamaniiru.

Haaluma walfakkaatuun, caasaa afaanii keessatti dhamjechoonni koorniyaa agarsiisan, maqaalee adda addaa irratti fufamuun nimul'atu. Afaan Oromoo keessattis garee jechootaa keessaa maqaaleen nama dhuunfaa dhamjechoota maxxanfachuudhaanis ta'e ofii isaanii dhaabbachuun tajaajila koorniyaa agarsiisan nijiru. Koorniyaan immoo addaan bahiinsa ittiin waamamaa maqaa kormaa, naayyeefi lamaanuu kan ibsuudha (Mitikkuu Dibbeessaafi Gammachuu Galaalchaa, 1992). Akkasumas, Afaan Oromoo keessattis maqaaleen koorniyaa agarsiisan haala adda addaan mul'atu. Innis, dhamjechoota maxxanfachuun yookiin osoo hinmaxxanfatiin koorniyaa agarsiisu danda'u (Abarraa Nafaa, Mitikkuu Dhibbeessaafi Temesgen Nagaasaa, 1996). Yaada olii kanarraa kan hubatamu, maqaaleen nama dhuunfaa osoo dhamjecha koorniyaa agarsiisu hinmaxxanfatiin koorniyaa murteessan akkuma jiran, dhamjechoonni maqaaleerratti maxxanuun koorniyaa ibsan jiraachuu isaanii ifoomsa. Yaadrimee kana bu'uura taasifachuun, maqaaleen namaa Oromoo Booranaa koorniyaa akkamitti akka agarsiisan xiyyeeffachuun ibsamaniiru.

## 3. Malleen Qorannichaa

Boqonnaa kana keessatti, malleen qorannicha keessatti hordofamantu dhihaate. Qorannoo kana keessatti, malli qorannoo akkamtaa ta'ee, akaakuun isaa ibsaadha. Sababni isaas, ragaaleen qorannichaa lakkoofsaan osoo hintaanee jechaan kan dhihaataniifi ibsaman waan ta'eefiidha. Kanamalees, ragaaleen qorannichaa tooftaalee afgaaffiifi qaaccessa dookimantiin kan funaanaman waan ta'eef, ragaaleen mala kanaan walitti qabaman immoo, mala akkamtaatiin xiinxaluun mijataa waan ta'eefiidha (Creswell, 2007). Kanaaf malli akkamtaa ragaalee jechaan ibsuu, qaaccessuu, hiikuufi xiinxaluuf kennataa waan ta'eef fayyadamamee jira. Maddi ragaalee qorannichaa, madda ragaa tokkoffaati. Maddi ragaa tokkoffaa kunniinis, Oromoo Booranaa godina Booranaa keessa jiraataniidha. Innis, ragaalee bifa afgaaffiin argaman; ragaalee dheedhii kanneen yaadannoo dhuunfaa; galmee barattootaa manneen barnootaafi barruulee Waajjira Aadaafi Turiizimii godina Booranaa irraa argamaniidha. Kana jechuun maddi ragaalee qorannichaa Oromoo Booranaa iddatteeffaman irraa ragaalee kallattiin mala afgaaffiin guuramaniifi ragaalee dheedhii kallattumaan hawaasa keessaa guuramanii hinmaxxanfamiiniifi hinxiinxalamiin jiran jechuudha.

Malli iddatteessuu qorannichaa immoo, iddatteessuu mit-carraa keessaa kaayyeffataadha. Malli kaayyeffataan raghimtoota hawaasicha keessaa ragaalee himuu danda'u jedhee itti amanee ofumaan murteessee iddatteesse. Haala kanaan dhiira '9' (sagalii) fi dhalaa '4' (afuri), walumaagalatti, namoota '13' (kudha sadii) iddatteesse. Namootni iddatteeffaman kunimmoo, naamusa qorannichaa eeguudhaaf waraqaa qorannichaa keessatti koodii $RI_1$, $RI_2$, $RI_3$, $RI_4$…. $RI_{13}$ jechuudhaan fayyadamamaniiru. Akkasumas, ragaalee dheedhii (fakkeenyaaf, galmee barattootaa) mana barumsaa Shaalaqaa Jaatanii Alii

baratan iddatteessuun fayyadame. Kanaaf, tooftaaleen funaansa ragaalee qorannichaa, afgaaffiifi qaaccessa dookimantiiti. Ragaaleen malleeniifi tooftaalee garagaraan guuraman kunniin, yaaxxina xiinlatawaa jechootaa bu'uura taasifachuun jechaan ibsaman. Akkasumas, bu'uura adeemsa qorannoo xinqooqaatiin, sakoon qorannichaa naamusoota bu'uuraa hordofee kan raawwatedha.

## 4. Dhiheessa, Ibsaafi Xiinxala Ragaalee

Mataduree kana jalatti, adeemsa hormaata maqaalee, uunkaafi caasaa xiinjechoota Afaan Oromoo maqaalee nama dhuunfaa Oromoo Booranaa qabantu xiinxalame. Maqaan nama dhuunfaa immoo, walitti qindoomina gareewwan jechoota garagaraa irraa uumamuu danda'u. Isaanis, xumuraafi latiilee, ibsa maqaafi latiilee, maqaalee biroorraafi latiileerraa; qindoomina jechoota qabiyyeefi jechoota tajaajilaarraa, qindoomina jechoota qabiyyeefi latiilee garagara irraa, adeemsa maxxanfachuun, adeemsa makoon, adeemsa firoommiin, adeemsa mit-firoommiin (fakkeenya, ergifannaa, kutanii hidhuu) fi kanneen kana fakkaataniin uumamuu danda'u (Mandede, 2009, f.153). Maqaaleen namaa haala kanaan uumaman, uunkaafi caasaa jechoota Afaan Oromoo isaan calaqqisiisan, akka ittaanutti dhihaachuun ibsamaniiru.

### 4.1. Maqaalee Qindoomina Hundee Jechaafi Latiilee Irraa Uumaman

Maqaaleen nama dhuunfaa Oromoo Booranaa walitti qindoomina hundee jechaafi latiilee garagaraatiin uumamuu danda'u. Maqaaleen kunniin akkaataa isaan hundee maqaafi latiileerraa uumaman ibsuuf, qorataan raghimtoota garagaraaf afgaaffii taasisuun maqaalee walitti qabate. Maqaaleen kunneen muraasni, "Jaatanii, Jaatanee, Bonee, Bonayaa, Gannoo, Gannaa, Gannee, Gannituu, Deebanoo, Deebanee Gabaaboo, Gabaabee" faadha ($RI_1$, $RI_2$, $RI_5$). Maqaaleen kunniin gabatee (4.1) ittaanu keessatti dhihaachuun ibsamaniiru.

| **Maqaalee nama dhuunfaa OB hundee jechaafi latiilee irraa uumaman** | **Ibsa xiinlatawaa maqaaleen nama dhuunfaa OB hundee jechaafi Latiileerraa uumaman** | | | |
|---|---|---|---|---|
| | Saala | Qaamota jechaa maqaaleen kunniin irraa uumaman | | Caasaa jechaa AO isaan qaban |
| | | Hundeee jechaa | Latiilee | |
| Jaatanii, Jaatanee | Dhi, Dha | Jaatan- | /- ii /, /- ee / | Xaxamaa |
| Bonee, Bonayaa | Dha, Dhi | Bon- | /-ee/, /-ayaa/ | Xaxamaa |
| Gannoo/Gannee Gannituu, Gannaa | Dha Dha, Dhi | Gann- | /-oo/, /-ee/ /-ituu/, /-aa/ | Xaxamaa |
| Deebanoo Deebanee | Dhi Dha | Deeban- | /-oo/ /-ee/ | Xaxamaa |
| Gabaaboo, Gabaabee | Dhi Dha | Gabaab- | /-oo/ /-ee/ | Xaxamaa |

Gabatee 4.1. Gabatee maqaalee qindoomina hundee jechaafi latiileen uumaman agarsiisu.

Akkuma gabatee (4.1) olii irraa hubatamu, maqaaleen nama dhuunfaa Oromoo Booranaa walitti qindoomina hundee jechaafi latiilee garagaraa irraa uumamuu danda'u. Maqaaleen haala kanaan uumaman immoo, amala jechoota xaxamaa Afaan Oromoo kan calaqqisiisan ta'uusaa ibsa. Maqaaleen kunniinis, 'Jaatanii, Bonayaa, Gannaa, Gabaaboo, Deebanoo'n kan dhiiraa yoo ta'an, Jaatanee, Gannoo, Gannee, Gannituu, Bonee, Deebanee'n kan shammarranii ta'uusaa agarsiisa.

Maqaaleen kunniin immoo kan uumaman, walitti qindoomina hundee maqaa, hundee maqibsii, hundee gochimaafi latiilee garagaraati. Latiileen galumsa kana keessatti hundee jechaa kunniin irratti maxxanuun maqaa nama dhuunfaa akka uumaman taasisan, /-ee/, /-ii/, /-oo/, /-uu/, /-aa/, /-oo/, /-ituu/ dha. Fakkeenyaaf: (a) Maqaaleen nama dhuunfaa 'Jaataneefi Jaatanii'n hundee maqaa /Jaatan-/ jedhuufi latiilee /-ii/fi /-ee/ irraa uumaman. Innis, latiin /-ii/'n koorniyaa dhiiraa, latii /-ee/'n immoo koorniyaa dhalaa agarsiisu. Kanarraa kan hubatamu, maqaaleen nama dhuunfaa walitti qindoomina hundee maqaafi latii koorniyaa agarsiisan irraa kan uumamaniifi amala jecha xaxamaa kan calaqqisiisan ta'uusaati.

(b) Maqaaleen nama dhuunfaa "Boneefi Bonayaa" jedhamanis hundee maqaa /Bon-/ jedhuufi latiilee /-ee/fi /-ayaa/ jedhaman waliin qindaa'uun maqaa dhalaa 'Bonee' jedhuufi dhiiraa 'Bonayaa' akka uumaman taasise. Haala kana keessatti, maqaaleen 'Boneefi Bonayaa' jedhaman kun walitti qindoomina hundee maqaa (Bon-) fi latiilee /-ee/ fi /-ayaa) irraa kan uumamaniifi amala jecha xaxamaa Afaan Oromoo kan calaqqisiisaniidha. (c) Maqaaleen nama dhuunfaa 'Gannaa, Gannoo, Ganneefi Gannituu' jedhamanis walitti qindoomina hundee maqaa (Gann-) jedhuufi latiilee /-ee/, /-oo/, /-ituu/ fi /-aa/' irraa kan uumamaniidha. Galumsa kana keessatti, latii /-aa/'n hundee maqaa /Gann-/ jedhamu irratti fufamuun, maqaa nama dhuunfaa korniyaa dhiiraaf moggaafamu, 'Gannaa' kan jedhamu uumaniiru. Latiileen /-ee/, /-oo/, /-i-, -tuu/'n latiilee hundee maqaa (Gann-) jedhamu irratti maxxanuun maqaa dhuunfaa dhalaaf moggaafaman Gannee, Gannoo, Gannituu jedhaman kan uumaman ta'uusaati. Maqaa 'Gannituu' jedhamu kana keessatti, latiin /-i/'n saagamuun seerluga mijjeessite. Akkasumas, maqaaleen qindoomina hundee maqaa '/Gann-/' jedhuufi latiilee /-aa, -ee, -oo, -i-, -tuu/ tiin uumaman kun, amaloota jecha xaxamaa Afaan Oromoo calaqqisisu.

(d) Maqaaleen nama dhuunfaa 'Deebanoofi Deebanee' jedhamanis qindoomina hundee xumuraa /Deeban-/ fi latiilee /-ee/, /-oo/ tiin kan uumamaniidha. Haala kana keessatti, /-oo/'n hundee xumuraarratti maxxanuun kanneen maqaa dhuunfaa dhiiraaf moggaafaman kan agarsiisan yoo ta'u, latiilee /-ee/'n immoo kan shamarranii akka uumamu taasiseera. Haala kana keessatti, latiileen /-oo/fi /-ee/'n maqeessuufi koorniyaa agarsiisuuf tajaajilu. Kunimmoo, maqaaleen nama dhuunfaa Oromoo Booranaa walitti qindoomina hundee xumuraafi latiilee tajaajila maqeessuufi koorniyaa agarsiisan ta'uusaa mul'isa. Maqaaleen haala kanaan uumaman immoo, amala jechoota xaxamaa Afaan Oromoo kan calaqqisiisaniidha.

(e) Maqaaleen nama dhuunfaa 'Gabaaboofi Gabaabee' jedhaman immoo, qindoomina hundee maqibsii (Gabaab-) jedhuufi latii /-oo/fi /-ee/tiin uumaman. Maqaaleen kunniinis, 'Gabaabaa'n maqaa koorniyaa dhiiraaf moggaafamu yoo ta'u, Gabaaboo'n immoo koorniyaa dhalaaf moggaafama. Haala kana keessatti latii /-aa/'n maqeessuufi koorniyaa dhiiraa kan ibsu yoo ta'u, latii /-oo/'n maqeessuufi koorniyaa dhalaa agarsiisa. Latii maqeessituu jechuun, latii garee jechaa maqaa hintaane gara maqaatti jijjiiruuf kan tajaajiltuudha. Kanaaf, galumsa kana keessatti, latiin /-aa/ fi /-oo/'n hundee maqibsii irratti fufamuun, maqaan namaa akka uumaman taasisaniiru. Akkasumas, caasaa jechoota Afaan Oromoo maqaaleen kunniin ibsan, amala jechoota xaxamaa Afaan Oromoo ta'uusaa hubachiisa.

Ragaalee olitti ibsaman irraa kan hubatamu, maqaaleen nama dhuunfaa Oromoo Booranaa filatamanii xiinxalaman keessaa, maqaaleen (a-c) jiran walitti qindoomina hundee maqaaafi latiilee garagaraa kanneen koorniyaa agarsiisan irraa uumaman. Maqaaleen (d) jalatti dhihaataniifi ibsaman immoo hundee xumuraafi latiilee maqeessituufi latiilee koorniyaa agarsiisan irraa uumaman. Maqaaleen (e) jalatti xiinxalaman immoo hundee maqibsii irratti latiilee maqeessituufi koorniyaa agarsiisan maxxanfachuun uumaman. Akkasumas, amala caasaa jechoota Afaan Oromoo maqaaleen (a-e) jiran kunniin calaqqisiisan immoo amala jechoota xaxamaa afaan hawaasichaati.

Walumaagalatti, maqaaleen nama dhuunfaa Oromoo Booranaa, walitti qindoomina hundee jechaafi latiilee garagaraan kan uumamaniidha. Latiileen hundee jechaa irratti maxxanan kunniin, maqeessuu,

murteessuufi koorniyaa agarsiisuuf kan tajaajilaniidha. Caasaa jechoota Afaan Oromoo maqaaleen nama dhuunfaa qindoomina hundee jechaafi latiileen uumaman qaban, amala caasaa jechoota xaxamaa Afaan Oromoo kan qaban ta'uusaa mul'isa. Yaadrimeen kun, maqaaleen nama dhuunfaa gareewwan jechoota Afaan Oromoo garagaraa irraa latiilee afaan hawaasichaa keessa jiranitti fayyadamuun uumamuu kan dandaa'an ta'uusaa ibsa. Yaada kana kan tumsu, Alima (2018, f.175) "Oromoo personal names are derived from various Afaan Oromo word categories. They are formed using different morphemes that are available in the language". Kanarraa ka'uudhaan, maqaaleen nama dhuunfaa Oromoo Booranaa qindoomina hundee jechaafi latiilee garagaraan kan uumaman; amaloota caasaafi uunkaa jechoota Afaan Oromoo calaqqisiisu jechuun nidandaa'ama.

### 4.2. Maqaalee Namaa Qindoomina Maqaalee Biroofi Latiileen Uumaman

Galumsa aadaa Oromoo Booranaa (OB) keessatti, maqaaleen biroo akka maqaalee nama dhuunfaatti tajaajiluu danda'u. Maqaaleen kunniinis, maqaa meeshaalee, maqaa killayaa, maqaa waliiniifi maqaa gareeti. Maqaalee biroo akka maqaa nama dhuunfaatti tajaajilaan, kan qorataan afgaaffii raghimtootaaf taasisuun guure keessaa muraasni, "Dullachaa, Dulloo, Dullattii, Waatoo, Waatee, Garbicha, Konsicha, Kosii, Kostuu, Qaalluu, Qaallittii, Lakkoolee, Lakkittii, Lakkuu, Sallii, Salloo, Salleessaa, Salleettii, Jaldeessaa, Jaldeettii, Dhaddacha, Galaanoo, Galaanee" dha ($RI_3$, $RI_4$, $RI_6$). Maqaaleen kunniinis amaloota xiinlatawaa jechoota Afaan Oromoo isaan agarsiisan gabatee (4.2) ittaanu keessatti dhihaachuun ibsamaniiru.

| **Maqaa dhuunfaa OB maqaalee biroorraa uumaman** | **Ibsa xiinlatawaa maqaaleen nama dhuunfaa OB maqaalee biroorraafi latiileerraa uumaman** | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| | Saala | Maqaalee biroo | Akaakuu Maqaalee biroo | Latiilee fufaman | Caasaa jechaa ibsu |
| Dullachaa<br>Dullattii | Dhi<br>Dha | Dullacha<br>Dullattii | Maqaa gareeti | / *-a* /<br>/-ttii/ | Salphaa<br>Xaxamaa |
| Waatoo, Waatee | Dhi,Dha | Waata | Maqaa waliinii | /-oo/, /-ee/ | Xaxamaa |
| Garbicha, Garbittii | Dhi,Dha | Garba | Maqaa garee | /-cha/, /-ttii/ | Xaxamaa |
| Konsicha, Konsitti | Dhi, Dha | Konsoo | Maqaa waliinii | /-cha/, /-ttii/ | Xaxamaa |
| Kosii, Kostuu | Dhi, Dha | Kosii/kostu | M.wantootaa | / $\phi$ /, /-tuu/ | Xaxamaa |
| Qaalluu , Qaallittii | Dhi, Dha | Qaalluu | Maqaa killayaa | /$\phi$ /, /-ttii/ | Xaxamaa |
| Sallii/Salloo<br>Salleessa<br>Salleettii | Dhi/dha<br>Dhi<br>Dha | Sallii | Maqaa garee | / $\phi$ /<br>/eessa/,<br>/-eettii/ | Salphaa<br>xaxamaa<br>xaxamaa |
| Jaldeessaa<br>Jaldeettii | Dhi<br>Dha | Jaldeessa | Maqaa garee | /-a/<br>/-ttii/ | Xaxamaa |
| Dhaddachaa | Dhi | Dhadacha | waantotaa | / *-a*/ | Xaxamaa |
| Galaanoo<br>Galaanee | Dhi<br>Dha | Galaana | Maqaa waliinii | /-oo/<br>/-ee/ | Xaxamaa |

Gabatee 4. 2 Maqaalee namaa qindoomina maqaalee biroofi latiileen uumaman agarsiisu.

Gabateen (4.2) olii kun, maqaalee nama dhuunfaa Oromoo Booranaa, maqaalee biroofi latiileerraa uumaman agarsiisa. Maqaalee biroo kan jedhaman immoo, maqaa meeshaalee, maqaa killayyaa, maqaa waliinii, maqaa gareefi maqaalee dhuunfaa kanneen maqaa nama dhuunfaa hinta'iiniidha. Maqaalee kanneen keessaa, 'Dullacha, Garbicha, Koonsicha, Kosii, Qaalluu, Salleessa, Sallii'n maqaalee dhiiraaf moggaafaman yoo ta'an, maqaaleen 'Dullattii, Kostuu, Qaallittii'n immoo dubaraaf kan moggaafamaniidha. Maqaaleen 'Waatoo, Sallii, Salloo'n immoo, kanneen dhiirafis ta'e, dhalaaf moggaafamuu danda'aniidha.

Maqaalee kunniin keessaa maqaaleen waliiniifi maqaalee garee ta'anii kan akka maqaa nama dhuunfaatti tajaajilan, Dullacha, Dulloo, Dullattii, Garbicha, Garbittii, Lakkoolee, Lakkittii, Lakkuu, Sallii, Salloo, Salleessaafi Salleettiidha. Maqaaleen kunneenis, maqaalee gareen hawaasaa sadarkaa walfakkaataa irra jiran ittiin beekamaniifi amaloota waloo waliin qooddatan ittiin beekamaniidha. Fakkeenyaaf, maqaan nama dhuunfaa 'Konsicha' jedhu maqaa gareen hawaasaa 'Konsoo' jedhamu ibsuufi maqaa nama saba Konsoo irraa gara Booranaatti gosgaloomeef moggaafamuudha. Maqaaleen nama dhuunfaa Lokkoolee, Lakkuu, Lakkittii jedhaman, maqaalee namoota hawaasaa keessatti lakkuu ta'anii dhalataniif moggaafamuudha. Kanaaf, maqaa waliiniifi maqaa gareeti jechuun nidanda'ama. Maqaaleen 'Salloo, Salleessa, Sallii, Salleettii' jedhaman immoo maqaalee namoota maatii keessatti saglaffaarratti dhalataniif moggaafamaniidha. Maqaaleen kunniinis, maqaa gareefi maqaa waliinii ta'anii akka maqaalee dhuunfaatti kan tajaajilaniidha. Kanaaf, maqaaleen biroo (maqaa meeshaa, killayaa, waliiniifi garee) akka maqaa nama dhuunfaatti tajaajiluu kan danda'an ta'uusaa agarsiisa.

Haaluma walfakkaatuun, maqaalen nama dhuunfaa Qaalluu/-ttii, maqaalee killayyaa akka maqaa dhuunfaatti tajaajiluudha. Galumsa kana keessatti, latiileen /-cha/ fi /-ttii/'n koorniyaa kan agarsiisaniifi murteessituudha. Maqaaleen 'Kosii' jedhu immoo, maqaalee waantotaa /meeshaa/ akka maqaa nama dhuunfaatti tajaajiluudha. Maqaaleen 'Kosii yookiin Kostuu' jedhaman kun kutaa hawaasaa keessaatti dubartii tokko irraa abbaan manaa irraa duunaan, namni biroo fuudhee daa'ima yoo dhalche, daa'ima sanaaf maqaa moggaafamuudha. Maqaalee nama dhuunfaa maqaalee akaakuu biroo irraa uumaman kunniin, caasaa jecha Afaan Oromoo isaan calaqqisiisan, amaloota jechoota salphaafi xaxamaati. Innis, maqaaleen latii koorniyaas ta'e, murteessituu hinmaxxanfatiin jechoota salphaa (fakkeenyaaf, Sallii, Salloo) yoo ta'an, maqaaleen latii koorniyaa, akkasumas, latii murteessituu maxxanfatan (fakkeenyaaf, Galaanoo, Galaanee, Dullattii, Dullacha, Garbicha, Konsicha, Kosii, Kostuu, Salleettii, Salleessa, jaldeessaafi Jaldeettii)'n immoo maqaalee amaloota jechoota xaxamoo Afaan Oromoo kan calaqqisiisaniidha. Sababni isaas, latiileen /-ttii, -cha, -ee, -ii, -tuu, -eessa, -saa, -oo/ jedhaman hundee maqaa irratti idaa'amuun tajaajila garagaraa qabu waan ta'eefiidha. Tajaajilli kun immoo, koorniyaa agarsisuu, murteessuufi maqeessuudha.

Yaada olii kana kan tumsu, Tesfaye (2014, f. 258) "In Oromoo, names which end with suffixes -a, -aa, -uu, and -saa, refer to male and those which end with suffixes such as, -tii, -tuu, -ee, refer to females". Yaadrimeen kun, maqaaleen nama dhuunfaa Oromoo Booranaa akkuma, maqaaleen nama dhuunfaa galumsa Oromoo biroo keessatti moggaafaman haala walfakkaataan dhamjecha maxxanfachuun koorniyaa agarsiisuu isaanii ibsa. Kunimmoo hawaasichi, hawaasa afaan seeraafi sirna barreeffamaa tokko qabu waan ta'eef, maqaalee nama dhuunfaa Oromoo Booranaafi Oromoo galumsa biroo keessa jiraatan, amaloota xiinjechaa walfakkaataa calaqqisiisu jechuun nidanda'ama.

Gabaabumatti, galumsa aadaa Oromoo Booranaa keessatti maqaaleen nama dhuunfaa maqaalee akaakuu biroo (maqaa meeshaa, maqaa killayyaa, maqaa waliiniifi maqaan garee) irraa uumamuu danda'u isaaniiti. Maqaaleen haala kanaan uumaman kunneenis, kanneen latiilee maqeessituufi koorniyaa maxxanfachuudhaan uumaman, amaloota caasaa jechoota xaxamaa kan qaban yoo ta'u, kanneen latii kamiyyuu hinmaxxanfatiin akka maqaa nama dhuunfaatti tajaajilan immoo, amaloota jecha salphaa afaan hawaasichaa kan qabaniidha.

### 4.3 Maqaalee Namaa Qindoomina Ibsa Maqaafi Latiileen Uumaman

Maqaaleen nama dhuunfaa garee jechaa maqibsoota ta'an irraatti dhamjechoota maqeessituu maxxanfachuun niuumamu. Akkasumas, maqibsoonnis osoo latii kamillee hinmaxxanfatiin akka maqaa nama dhuunfaattis tajaajiluu danda'u. Maqibsoonni akka maqaa nama dhuunfaatti tajaajilan, maqaalee bifa afgaaffiitiin walitti qabaman keessaa muraasni, "Gurraacha, Gurraattii, Adii, Diqqaa, Diqqoo, Booraa, Booree, Diimaa, Diimilee, Gabaaboo, Gabaabee, Haphii, Kuulaa, Kuulii" faadha ($RI_7$, $RI_8$, $RI_9$). Maqaaleen kunneenis gabatee (4.3) ittaanuun ibsamaniiru.

| **Maqaalee nama dhuunfaa maqibsii, hundee maqibsiifi latiirraa uumaman** | **Ibsa xiinlatawaa maqaalee, maqibsii, maqibsiifi latiileerraa uumaman** | | | |
|---|---|---|---|---|
| | saala | Qaamota jechaa walitti qindaa'uun maqaa uuman | | Caasaa jechaa maqaaleen kunniin ibsan |
| | | Maqibsoota | Latiilee | |
| Gurraachaa<br>Gurraattii | Dhi<br>Dha | Gurraacha | / -a /<br>/-ttii/ | Salphaa<br>Xaxamaa |
| Adii | Dha | Adii | /ϕ/ | Salphaa |
| Diqqaa<br>Diqqoo | Dhi<br>Dha | Diqqaa<br>Diqqoo | / -aa /<br>/-oo/ | Xaxamaa |
| Diimaa<br>Diimilee | Dhi<br>Dha | Diimaa | /ϕ/<br>/-ilee/ | Salphaa<br>Xaxamaa |
| Gabaabaa<br>Gabaabee | Dhi<br>Dha | Gabaabaa | /-oo/<br>/-ee/ | Xaxamaa |
| Haphii | Dha | Haphii | /ϕ/ | Salphaa |
| Kuulaa,<br>Kuulii | Dhi,<br>Dha | Kuula | /-a/,<br>/-ii/ | Xaxamaa |

Gabatee 4.3: maqaalee dhuunfaa, maqibsii, maqibsiifi latiileerraa uumaman agarsiisu

Akkuma gabatee (4.3) olii irraa hubatamu, maqaaleen nama dhuunfaa maqibsootaafi walitti qindoomina maqibsootaafi latiilee irraa uumamuu danda'u. Maqaalee kanneen keessaa 'Gurraacha, Diqqaa, Diimaa, Gabaaboo, Kuulaa'n maqaalee dhiiraa yoo ta'an, maqaaleen, Gurraattii, Diqqoo, Diimilee, Gabaabee, Haphii, Kuulii' jedhaman kan shamarraniiti. Haala kana keessatti, latiileen maqibsoota irratti maxxanuudhaan gara maqaa nama dhuunfaatti jijjiiran yookiin maqeessan, /-a/, /-ttii/, /-ii/, /-oo/, /-lee/, /ϕ/ dha. Latiileen kunniin galumsa kana keessatti, garee jechaa maqibsii gara maqaa dhuunfaatti jijjiiruun maqaa nama dhuunfaa uumuufi koorniyaa agarsiisuudha. Fakkeenyaaf, latiileen /-a/ fi /-oo/'n maqibsii gara maqaa dhuunfaatti kan jijjiiran yoo ta'an, latiileen /-ttii/, /-ii/ fi /-ee/' kan ta'an immoo koorniyaa kan agarsiisaniidha. Akkasumas, maqibsoonni osoo dhamjecha tokkollee hinmaxxanfatiin akka maqaa dhuunfaatti tajaajilanis nijiru. Fakkeenyaaf, maqibsoota 'Adiifi Diimaa' jedhaman, galumsa aadaa Oromoo Booranaa keessatti akka maqaa nama dhuunfaatti nitajaajilu. Haala kana keesatti, dhamjechoonni maqeessituu uunkaan malee qaamaan hinmul'atan waan ta'eef, latii dhokataa /ϕ/ tiin ibsamu.

Dabalataanis, caasaan jechaa maqaalee nama dhuunfaa maqibsoota irraa uumaman kunniin, amaloota caasaa jechoota afaan hawaasichaa garagaraa qabu. Innis, maqibsoonni osoo latii maqeessituu hinmaxxanfatiin, akka maqaa nama dhuunfaatti tajaajilan amaloota jecha salphaa qabu. Fakkeenyaaf, maqaan Adii, Diimaa, Haphii jedhaman amaloota jecha salphaa kan qabaniidha. Maqibsoonni latiilee maqeessituu maxxanfatan fakkeenyaaf, Gurraachaa, Diimilee, Gabaaboo, Gabaabee, Kuulaa, Diqqaa, Diqqoo jedhaman immoo amaloota jecha xaxamaa afaan hawaasichaa qabu. Walumaagalatti, maqaaleen nama dhuunfaa Oromoo Booranaa walitti qindoomina maqibsootaafi latiileerraa uumamuu kan danda'an; maqibsootni osoo dhamjechoota hinmaxxanfatiin akka maqaa namaa dhuunfaatti kan tajaajilan; akkasumas, amala caasaa jechoota salphaafi xaxamaa Afaan Oromoo kan calaqqisiisan ta'uusaa agarsiisa.

### 4.4 Maqaalee Adeemsa Kutanii Hidhuufi Latii Maxxanfachuun Uumaman

Jechoonni Afaan Oromoo adeemsa kutanii hidhuutiin ni'uumamu. Kutanii hidhuun jechoota lama walitti fiduun jecha haaraa uumuudha. Innis, jecha jalqabaarraa sagalee yookiin birsaga gara dhumaafi jecha lammaffaarraas sagalee yookiin birsaga kutuun kanneen hafan walitti fiduu yookiin jecha jalqabaa qofarraa sagalee yookiin birsaga gara dhumaa kutuun kanneen hafan walitti fiduun jecha haaraa

uumuudha (O’Grady, 1996). Maqaaleen nama dhuunfaa Oromoo Booranaa, kanneen adeemsa jechoota kutanii hidhuutiin uumaman nijiru. Maqaaleen kunneen muraasni, “Abduubaa, Abduubee, Abroobaa, Abroobee, Kanasaa, Namkiyyaa, Namkiyyoo” faadha ($RI_{11}$, $RI_{12}$, $RI_{13}$). Xiinxalli xiinlatawaa maqaalee nama dhuunfaa kunneen qaban, gabaabinaan gabatee (4.4) ittaanu keessatti dhihaachuun ibsamaniiru.

| **Maqaalee nama dhuunfaa adeemsa kutaniii hidhuun uumaman** | **Saala** | **Qaamota xiinjechaa walitti dhufanii maqaa uuman** | | Caasaa jechaa AO maqaaleen kutanii hidhun uumaman qaban |
|---|---|---|---|---|
| | | Garee jecha kutamanii hidhamuun maqaa uuman | Latiilee | |
| Abduubaa<br>Abduubee | Dhi<br>Dha | Maqaa +durduubee | /-a/<br>/-ee/ | Dachaa xaxamaa |
| Abroobaa<br>Abroobee | Dhi<br>Dha | Maqaa +Maqaa | /-aa/<br>/-ee/ | Dachaa xaxamaa |
| Kanasaa | Dhi | Akeektuu+ bamaqaa | /-a/ | Dachaa xaxamaa |
| Namkiyyaa<br>Namkiyyoo | Dhi<br>Dha | Maqaa+ murt. Ofiiffee | /-aa/<br>/-oo/ | Dachaa xaxamaa |
| Namtiyyaa<br>Namtiyyoo | Dhi<br>Dha | Maqaa + murt. Ofiiffee | /-aa/<br>/-oo/ | Dachaa xaxamaa |

Gabatee 4. 4 maqaalee jechoota kutanii hidhuufi latiilee fufachuun uumaman agarsiisu

Gabateen (4.4) armaan olii kun, maqaaleen nama dhuunfaa Oromoo Booranaa adeemsa jechoota kutanii hidhuutiin uumaman agarsiisa. Maqaaleen kunniinis, ‘Abduubaa, Abroobaa, Namkiyyaa, Kanasaa’n kanneen dhiiraaf moggaaffaman yoo ta’an, ‘Abroobee, Abduubee, Namkiyyoo /Namtiyyoo’n kan shamarranii ta’uusaa ibsa. Maqaaleen kunniin amaloota xiinlatawaa Afaan Oromoo isaan calaqqisiisan yoo ibsamu:

**(a)** ‘Abduubaa/Abduubee’ - maqaaleen jedhaman, jecha garee jechaa isaa maqaa ta’e, ‘abbaa’ jedhuufi garee jecha isaa durduubee ta’e ‘duuba’ jedhaman, akkasumas, latii maqeessituu /-a/fi /-ee/ jedhaman irraa kan uumamaniidha. Kun kan agarsiisu maqaan nama dhuunfaa walitti qindoomina gareewwan jechootaa maqaa, durduubeefi latii maqeessituu/latii koorniyaa /-a/ fi /-ee/) irraa kan uumaman ta’uusaati. Galumsa kana keessatti latiileen /-a/ fi /-ee/’n immoo, tajaajila maqeessuufi koorniyaa agarsiisuu qabu. Adeemsa walitti qindoomina gareewwan jechootaafi latiilee kana keessatti, haqamuufi dabalamuun dubbifamaafi dubbachiistuu, akkasumas, latiin maqeessituu/latiin koorniyaa maxxanfachuutu jira. Innis, ‘Abbaa + duuba- + /-a/-ee/ = Abduubaa/Abduubee’ ta’ee jira jechuudha. Kunimmoo, jechoonniifi latiileen Afaan Oromoo keessa jiran, seeraafi sirna afaanichaan qindaa’uun maqaalee nama dhuunfaa horsiisuu akka danda’an mul’isa.

**(b)** Namkiyyaa/Namtiyyaa- Maqaaleen nama dhuunfaa ‘Namkiyyaafi Namtiyyaa’ jedhaman kunniin, maqaafi murteessituu ofiiffee (possessive determiner) irraa kan uumamaniidha. Innis, (nama + kiyya / tiyya + -a = Namkiyyaa/tiyyaa) kan jedhaman yoo ta’u, maqichi amaloota jechoota dachaa xaxamaa Afaan Oromoo kan calaqqisiisan ta’uusaa ifoomsa.

**(c)** Maqaan nama dhuunfaa ‘Kanasaa’ jedhu, walitti qindoomina (kana + -isa- + - a) irraa uumame. Kunimmoo, walitti qindoomina murteessituu akeektuu, bamaqaafi latii maqeessituu/ latii koorniyaati. Gabaabumatti, xiinxala (a-c) olitti taasiffame keessatti maqaaleen nama dhuunfaa adeemsa kutanii hidhuutiin uumamuu isaanii hubachiisa. Maqaaleen adeemsa jechoota kutanii hidhuufi latiilee garagaraa maxxanfachuun uumaman kunniin, amaloota jechoota dachaa xaxamaa afaan hawaasichaa kan qabaniidha.

### 4.5 Maqaalee Amala Gaalee Afaan Oromoo Qaban

Galumsa aadaa Oromoo Booranaa keessatti, maqaaleen nama dhuunfaa amala caasaa gaalee Afaan Oromoo qabanis nijiru. Maqaalee guuraman keessaa kanneen amala gaalee qaban, "Qaallicha/-ttii Dooyyoo, Qaallicha/-ttii Areeroo, Qaallicha/-ttii Miyoo, Qaallicha/-ttii Nuurtuu" fa'a ($RI_8$, $RI_9$, $RI_{10}$). Maqaaleen kunniin ibsi xiinlatawaa isaanii gabatee (4.5) ittaanu keessatti dhihaachuun ibsamaniiru.

| Maqaalee nama dhuunfaa amala gaalee AO qaban | Saala | Ibsa xiinlatii maqaaleen kunniin qaban |
|---|---|---|
| Qaallicha Dooyyoo | Dhi | Maqaa + murt./latii koorniyaa + Maqaa<br>(Qaalluu- + -icha + Dooyyoo) |
| Qaallittii Dooyyoo | Dha | Maqaa + murt./latii koorniyaa + Maqaa<br>(Qaalluu- + -ttii + Dooyyoo) |
| Qaallicha Areeroo | Dhi | Maqaa+murt./latii koorniyaa + Maqaa<br>(Qaalluu- + -icha + Areeroo) |
| Qaallittii Areeroo | Dha | Maqaa+murt./latii koorniyaa + Maqaa<br>(Qaalluu- + -ttii + Areeroo) |
| Qaallicha Miyoo | Dhi | Maqaa+murt./latii koorniyaa + Maqaa<br>(Qaalluu- + -icha + Miyoo |
| Qaalittii Miyoo | Dha | Maqaa+murt./latii koorniyaa + Maqaa<br>(Qaalluu- + -ttii + Miyoo) |
| Qaallicha Nuurtuu | Dhi | Maqaa+murt./latii koorniyaa + Maqaa<br>(Qaalluu- + -icha + Nuurtuu) |
| Qaallittii Nuurtuu | Dha | Maqaa+murt./latii koorniyaa + Maqaa<br>(Qaalluu- + -ttii + Nuurtuu) |

Gabatee 4.5: Gabatee maqaalee dhuunfaa amaloota gaalee Afaan Oromoo qaban agarsiisu

Gabateen (4.5) olii kun, gaaleewwan Afaan Oromoo akka maqaalee nama dhuunfaatti tajaajilaniifi xiinxala latiiwwan isaanii agarsiisa. Maqaaleen kunneenis, "Qaallicha Dooyyoo, Qaallicha Areeroo, Qaallicha Miyoo, Qaallicha Nuurtuu'n kanneen dhiiraaf moggaafaman yoo ta'an, Qaallitti Dooyyoo, Qaalittii Areeroo, Qaallittii Miyoofi Qaallittii Nuurtuu'n" kaneen dhalaaf moggaafamaniidha. Maqaaleen kunniin maqaafi maqaa gidduutti latii waan maxxanfataniif, caasaa jecha makoorra darbee amala gaalee afaanichaa calaqqisiseera. Jechoota walitti dhufanii caasaa afaanii hiika qaban uuman giddu, latiileen yoo saagaman, caasaan sun sadarkaa jechoota makoorra darbee gaalee yookiin ciroo ta'a (Addunyaa, 2011, ff. 52-53). Fakkeenyaaf, maqaan 'Qaallicha Dooyyoo' jedhu, 'maqaa (fakkeenya, Qaalluu), latii murteessituu/latii koorniyaa (fakkeenya, icha/-ttii) fi maqaa akka ibsa maqaatti tajaajile (fakkeenya, Dooyyoo)' irraa uumame. Kunimmoo, amala jecha makoo osoo hintaane, amala gaalee Afaan Oromoo calaqqisiisa. Akkasumas, amaloota caasaa jechoota Afaan Oromoo maqaaleen kunniin calaqqisiisan, amala jecha dachaa xaxamaati. Sababni isaas, maqaaleen kunniin jechoota ofi danda'aa lamaafi dhamjecha hirkataa tokko irraa waan ijaaramaniifidha.

### 4.6 Maqaalee Namaa Qindoomina Jechoota Qabiyyeefi Latiileen Uumaman

Maqaaleen nama dhuunfaa Oromoo Booranaa walitti qindoomina jechoota qabiyyeefi latiilee garagaraa niqabu. Jechootni qabiyyee garee jechootaa ofi danda'anii dhabbataniifi kanneen jechoota Afaan Oromoo horsiisuuf banamoo ta'aniidha (Addunyaa, 2011). Maqaaleen kunniinis, "Guyyaatuu, Guyyaasaa, Guyyoo, Guyyee, Roobaa, Roobee, Qaalluu, Qaallittii, Konsicha, Konsittii, Gurraachaa, Gurraattii, Salleessa, Salleettii, Galgaloo, Galgalee…" faadha ($RI_6$, $RI_7$, $RI_8$). Maqaaleen kunniin, gabatee (4.6) gadii keessatti dhihaachuun ibsamaniiru.

| Maqaalee nama dhuunfaa | Saala | Qaamolee jechaa maqaaleen kunniin irraa uumaman | | Caasaa jechaa maqaaleen kunniin ibsan |
|---|---|---|---|---|
| | | Jechoota qabiyyee | Latiilee | |
| Guyyaatuu<br>Guyyaasaa<br>Guyyoo/Guyyee | Dha<br>Dhi<br>Dhi/dha | Guyyaa | /-tuu/,<br>/-saa/,<br>/-oo/, /-ee/ | Xaxamaa |
| Roobaa<br>Roobee | Dhi<br>Dha | Rooba | /-a/<br>/-e/ | Xaxamaa |
| Qaallicha<br>Qaallittii | Dhi<br>Dha | Qaaalluu | /-i-/, /-cha/,<br>/-t-/, -tii/ | Xaxamaa |
| Gurraachaa<br>Gurraattii | Dhi<br>Dha | Gurraacha | /-a/<br>/-t-/, /-tii/ | Xaxamaa |
| Salleessa<br>Salleettii | Dhi<br>Dha | Sallii | /-eessa/<br>/-eettii/ | Xaxamaa |
| Galgaloo<br>Galgalee | Dhi<br>Dha | Galgala | /-oo/<br>/-ee/ | Xaxamaa |

Gabatee 4. 6: Maqaalee qindoomina jechoota qabiyyeefi latiileen uumaman agarsiisu

Gabateen (4.6) olii kun, maqaaleen nama dhuunfaa Oromoo Booranaa jechoota qabiyyeefi latiilee tajaajila garagaraa qaban irraa uumaman agarsiisa. Maqaaleen kunneenis, ‘Guyyaasaa, Roobaa, Galgaloo, Salleessaa, Gurraachaa, Qaallicha’ dhiiraaf kan moggaafaman yoo ta’an, Guyyaatuu, Roobaa, Galgalee, Salleettii, Gurraattii, Roobee, Qaallittii’n kanneen dhalaaf moggaafamaniidha. Maqaaleen kunniin walitti qindoomina jechoota qabiyyee kanneen ofi danda’anii dhaabbatanii hiika mataasaanii qabaniifi jechoota tajaajilaa kan seerluga mijeessuu malee ofi danda’anii dhaabbatanii hiika mataasaanii hinqabne irraa uumaman jechuudha.

Fakkeenyaaf, maqaan namaa ‘Guyyaasaafi Guyyaatuu’ jedhaman immoo, qindoomina jecha qabiyyee ‘Guyyaa’ jedhuufi latii /-saa/fi /-tuu/ irraa uumaman. Galumsa kana keessatti, latiileen /-saa/ fi /-tuu/ tajaajila maqaa biroo gara maqaa dhuunfaatti jijjiiruu, akkasumas, koorniyaa ibsanii jiru. Innis, latii /-saa/’n koorniyaa dhiiraa kan agarsiisu yoo ta’u, latii /-tuu/’n immoo koorniyaa dhalaa agarsiisa. Maqaaleen nama dhuunfaa, ‘Roobaafi Roobee’ jedhaman immoo, qindoomina maqaa ‘Rooba’ jedhuuf latiileen /-a/ fi /-ee/ jedhaman irraa kan uumamaniidha. Latiileen /-a/ fi /-ee/’n galumsa kana keessatti maqaa biroo gara maqaa dhuunfatti jijjiiruufi koorniyaa agarsiisuuf tajaajilan. Innis, latii /-a/’n koorniyaa dhiiraa kan agarsiisu yoo ta’u, latii /-ee/’n immoo koorniyaa dhalaa agarsiisti.

Maqaaleen nama dhuunfaa ‘Qaallichaafi Qaallittii jedhaman immoo, walitti qindoomina jecha ‘Qaalluu’ jedhuufi latiilee /-cha/ fi /-ttii/ irraa uumaman. Latiilee /-cha/fi /-ttii/ galumsa kana keessatti tajaajila koorniyaa agarsiisuu, maqaa biroo gara maqaa dhuunfaatti jijjiiruufi nama tokko hawaasa sana keessaa murteessee ibsuuf kan gargaaruudha. Latiin /-cha/ tajaajila koorniyaa dhiiraaf yoo ta’u, latiin /-ttii/ immoo koorniyaa dhalaa ibsa. Caasaan jechaa maqaalee dhuunfaa kunniin, amaloota jecha xaxamaa afaan hawaasicha agarsiisu. Haaluma walfakkaatuun, maqaaleen ‘Gurraachaafi Gurraattii’ jedhaman walitti qindoomina maqibsii Gurraacha jedhuufi latiilee /-a/ fi /-ttii/ irraa uumaman. Galumsa kana keessatti maqibsiin ‘Gurraacha’ jedhu jecha qabiyyee yoo ta’u, latiileen /-a/ fi /-ttii/’n, latiilee tajaajila korniyaa, maqeessuufi murteessuu kennaniidha.

Maqaaleen nama dhuunfaa ‘Salleessaafi Salleettii’ jedhaman immoo, walitti qindoomina jecha qabiyyee ‘Sallii’ jedhuufi latiilee /-eessaa/fi /-eettii/ jedhaman irraa kan uumamaniidha. Galumsa kana keessattis, latii /-eessaa/ jedhu koorniyaa dhiiraa kan ibsu yoo ta’u, latii /-eettii/’n, koorniyaa dhalaa kan ibsuudha. Maqaaleen ‘Galgaloofi Galgalee’ jedhaman immoo, walitti qindoomina jecha qabiyyee ‘Galgala’ jedhuufi latiilee /-oo/fi /-ee/ irraa uumaman. Latiileen /-oo/fi /-ee/’n maqaa guyyaa ibsu irraa gara maqaa

dhuunfaatti kan jijjiiraniifi tajaajila koorniyaa kan kennaniidha. Innis, latii /-oo/'n koorniyaa dhiiraa yoo ibsu, latii /-ee/'n koorniyaa dhalaa kan ibsuudha. Gabaabumatti, maqaaleen nama dhuunfaa Oromoo Booranaa jechoota qabiyyeefi latiileerraa kan uumaman; maqaaleen haala kanaan uumaman immoo amala jechoota xaxamaa Afaan Oromoo calaqqisiisu jechuun nidanda'ama.

### 4.7 Maqaalee Nama dhuunfaa Jechoota Qabiyyee Qofa Irraa Ijaaraman

Maqaaleen nama dhuunfaa Oromoo Booranaa amaloota jechoota qabiyyee qofarraa uumaman nijiru. Maqaaleen amala akkasii calaqqisiisan muraasni "Liiban, Areeroo, Dhadacha, Boruu, Borbor, Odaa, Gadaa, Dooyyoo, Nuurtuu, Miyoo, Tulluufi Goolloo, Qabballee, Baatii, Adii, Elemaa, Waaqayyoo, Jiloo, Dulloo, Qabballee, Dhakkii, Darmii, Ilaadoo, Xummee, Negellee, Lookoo…" faadha ($RI_3$, $RI_4$, $RI_5$). Maqaaleen kunneenis, Liiban, Areeroo, Dhaddacha, Boruu, Odaa, Gadaa, Jaarrraa, Dooyyoo, Borbor, Nuurtuu, Miyoo, Tulluu, Goolloo,… dhiiraaf kan moggaafaman yoo ta'an, Qabballee, Dhakkii, Darmii, Ilaadoo, Xummee, Negellee, Lookoo…'n dhalaaf kan moggaafamaniidha. Maqaaleen Jiloo, Dulloo, Adii, Sallii Haphii, Guyyee, Elemaa, Baatii, waaqayyoo, Lakkoolee…'n koorniyaa lamaaniif kan moggaafaman ta'uusaa agarsiisa.

Maqaaleen kunniin amaloota jechoota Afaan Oromoo isaan calaqqisiisan, amaloota jechoota salphaa afaan hawaasichaati. Kun immoo, maqaaleen nama dhuunfaa Oromoo Booranaa kanneen latiilee osoo hinmaxxanfatiin koorniyaa dhiiraa, dhalaafi koorniyaa lameen agarsiisan kan jiran ta'uusaa mul'isa. Kunimmoo, maqaalee nama dhuunfaa Oromoo Booranaa keessaa kanneen latiilee maxxanfachuun koorniyaa agarsiisan akkuma jiran, kanneen osoo latiilee hinmaxxanfatiin koorniyaa murteessanis nijiru jechuudha. Afaanota Afrikaa, kanneen akka afaan 'Zulu fi Xhosa' keessatti maqaalee nama dhuunfaa latii osoo hinmaxxanfatiin koorniyaa murteessuu danda'u (Tesfaye, 2014, f.258). Kanarraa kan hubatamu, maqaalee nama dhuunfaa amaloota xiinlatii afaan keessatti moggaafamee kan calaqqisiisu yoo ta'u, amalli kun maqaalee nama dhuunfaa Oromoo Booranaa keessattis kan mul'atu ta'uusaa hubachiisa.

## 5. Goolaba

Maqaaleen nama dhuunfaa Oromoo Booranaa, amaloota jechoota Afaan Oromoo kan calaqqisiisaniifi walitti qindoomina garee jechoota garagaraa irraa uumamuu danda'u. Innis, walitti qindoomina maqibsaafi latiilee irraa (fakkeenya, Gabaabaa + /- oo/ = Gabaaboo); maqibsa qofarraa (fakkeenya, Haphii); qidoomina maqaalee biroo (maqaa garee, waliinii, killayaa, maqaa gamtaa) fi latiilee irraa (fakkeenya, Qaalluu + /-icha/ = Qaallicha); jechoota qabiyyeefi jechoota tajaajilaa irraa (fakkeenya, Nama + kiyyaa = Namkiyyaa); jechoota qabiyyee qofarraa (fakkeenya, Boruu, Jaarsoo, Liiban…), jechoota tajaajilaa qofarraa (fakkeenya, Kanuu, Kiyyaa…), jechoota tajaajilaafi bamaqaarraa (fakkeenya, Kanasaa) irraa kan uumamaniidha. Akkasumas, qindoomina hundee jechaafi latiileerraa (fakkeenya, Galgal- + /-ee/-oo/ = Galgalee/Galgaloo); adeemsa kutanii hidhuutiin (fakkeenya, abbaa + duuba = Abduubaa); jechoota amaloota gaalee Afaan Oromoo calaqqisiisan irraa (fakkeenya, Qaalluu + /-ttii/ + Dooyyoo = Qaallittii Dooyyoo); jechoota qabiyyeefi latiileerraa (fakkeenya, Rooba-+-a = Roobaa); jechoota qabiyyee osoo latiilee hinmaxxanfatiin koorniyaa dhiiraa agarsiisan (fakkeenya, Areeroo, Borbor,…) fi koorniyaa dhalaa agarsiisan irraa (fakkeenya, Jiloo, Lookoo…) kan uumamaniidha.

Haala kana keessatti, maqaaleen walitti qindoomina jechoota qabiyyeefi latiileerraa uumaman amaloota jechoota xaxamaa kan calaqqisiisan yoo ta'an, kanneen jechoota makoofi latiilee garagaraa irraa uumaman immoo, amala jechoota dachaafi dachaa xaxamaa qabu. Maqaaleen jechoota qabiyyee qofarraa uumaman immoo, amaloota jechoota salphaa kan calaqqisiisan yoo ta'an, maqaaleen jechoota kutamanii hidhamaniifi latiileerraa uumaman immoo, amaloota jechoota dachaa xaxamaa afaan hawaasichaa qabu. Maqaaleen qindoomina garee jechaa maqaa hinta'iin, akkasumas, maqaalee biroofi latiilee irraa uumaman immoo, amaloota jechoota salphaafi xaxamaa Afaan Oromoo kan qabaniidha.

Maqaaleen namaa hundee jechaafi latiileerraa uumaman immoo, amaloota jechoota xaxamoo afaan hawaasichaa calaqqisiisu. Latiileen hundee jechaafi garee jechaa maqaa hintaane irratti maxxanuudhaan maqaan nama dhuunfaa uuman, /-aa/, /-a/, /ɸ/, /-cha/, /-tuu/, /-tii/, /-oo/, /-o/, /a-/, /-sa/, /-ee/, /-e/, /-lee/, /-ii/ dha. Latiileen kunniin gareewwan jechoota garagaraa irratti maxxanuun maqaan nama dhuunfaa akka uumamu taasisu; koorniyaafi eenyummaa nama maqaan moggaaffamee ibsuuf kan gargaaraniidha. Gabaabumatti, maqaan ogumdaneessa waan ta'eef, qorattoonni yaaxxina bu'uura xiinlatwaa jechootaas ta'e, kallattii biroon uunkaafi caasaa maqaaleen nama dhuunfaa yeroo ammaa galumsa aadaa Oromoo garagaraa keessatti moggaaffamaa jiran qaban, qorachuun ibsuun barbaachiisaadha. Akkasumas, hayyoonni xiinqoqaa qorannoowwan gama xiinqooqa Afaan Oromootiin jiranis muraasa waan ta'aniif, osoo xiyyeeffannoo addaan irratti hojjetanii gaariidha.

## Argannoo

- Maqaaleen nama dhuunfaa Oromoo Booranaa walitti qindoomina gareewwan jechootaa, qaamota jechaafi latiilee tajaajila garagaraa qaban waliin haala seeraafi sirna xiinjecha Afaan Oromootiin qindoomuun kan uumamaniidha. Haala kana keessatti, adeemsa maxxanfachuu, gareewwan jechootaa walitti makuufi qaamota jechootaa kutanii hidhuutu raawwatama.
- Latiileen gareewwan jechootaafi qaamota jechoota garagaraa irratti maxxanuun maqaaleen nama dhuunfaa akka uumaman taaasisan, /-aa/, /-a/, /ɸ/, /-cha/, /-tuu/, /-tii/, /-oo/, /-o/, /a-/, /-sa/, /-ee/, /-e/, /-lee/, /-ii/ dha. Latiileen kunneenis, tajaajila maqeessuu, koorniyaa ibsuufi murteessuu kan qabaniidha.
- Maqaaleen nama dhuunfaa Oromoo Booranaa kanneen latii koorniyaa agarsiisan maxxanfachuun koorniyaa nama tokko hawaasicha keessatti adda baasanii beeksisan akkuma jiran; maqaaleen latii koorniyaa osoo hinmaxxanfatiin koorniyaa lamaan iyyuu ibsuu danda'anis nijiru.
- Maqaaleen nama dhuunfaa Oromoo Booranaa, amaloota jecha salphaa, dachaa, xaxamaafi dachaa xaxamaa Afaan Oromoo qabu. Akkasumas, amaloota jechoota tajaajilaafi gaalee Afaan Oromoos kan calaqqisiisan ta'uun isaa hubatameera.

## Galata

Duraan dursa, uumaa waaqaafi lafaaf galanni haata'u. Ittaansuun, raghimtoota ofi qusannaa tokko malee ragaalee qorannichaaf gumaachaniin 'galatoomaa; ulfaadhaa' jenna. Akkasumas, Yuunivarsiitiin Wallaggaa baasii qorannoo kanaaf barbaachisu waan deeggareef guddaa galateeffanna.

## Wabiilee

Abarraa Nafaa, Mitikkuu Dhibbeessaafi Temesgen Nagaasaa. (1996). *Caasluga Afaan Oromoo Jildii 1*. Addis Ababa: Brana Printing Enterprise.

Anderson, J. (2007). *The Grammar of Names*. Oxford: Oxford University Press.

Agyekum, K. (2006). The Sociolinguistic of Akan personal Names. *Nordic Journal of African Studies*, 15 (2): 206-235.

Addunyaa Barkeessaa. (2011): *Sanyii: Jechaafi Caasaa Isaa*. Finfinnee, Oromiyaa: Mega printing PLC.

Alima Jibril. (2018). *Descriptive Analysis of Oromoo Personal Names and Naming Practices in Eastern Wollega Zone of Oromia National Regional State*. PhD Dissertation. Addis Ababa University: School of Graduate Studies.

Anindo, C. (2016). *A Morphosemantic Study of Toponyms: Lulogooli Place Names.* MA Thesis. Nairob: School of Graduate Studies.

Ayele Gizaw and Wandimu Tagegne. (2017). An Investigation into the Patterns and Mechanisms of Naming in Afan Oromo: Focus on Personal Naming. *Journal of Research on Humanities and Social Sciences*, 7 (5):1-9.

Booij, G. E. (2012). *The Grammar of Words*: *An Introduction to Linguistic Morphology (ed.):* Oxford University Press.

Carstairs-McCarthy.(2002). *An Introduction to English Morphology*: *Words and Their Structure*. Edinburg: University Press.

Choamsky, N. (1957). *Syntactic Structure*. Edinburgh: Edinburgh University Press.

Creswell, J. W. (2007). *Qualitative Inquiry and Research Design*: *Choosing Among Five Approaches (3rd ed.).* Thousand Oaks, CA: Sage.

Dabalaa Tamasgeen, Alamaayyoo Faqaddaafi Aliimaa Jibriil. (2022). Xiinxala Maqaalee Nama Dhuunfaa Oromoo Booranaa Filataman. *Journal of Universal Sciences and Technology*, 2 (1): 31-49.

Gumi Boru. (2018). Personal Naming and Identity Formation in Guji Oromo Culture: Roles, Classification and Dynamics of Change. *Journal of Emerging Technologies and Innovative Research* (JETIR), 5 (11): 315-329.

Kabaso, F. (2014). *A Morphological and Semantic Analysis of Nick Names in Ng'umbo*. MAThesis. University of Zambia: School of Graduate Studies.

Katamba, F. (1993). *Morphology: Modern lingustics series*. New Jersey: Prentice Hall Inc.

Kongo, A. & Mends, E. (2016). Language Learning: A Morphosyntactic Analysis of Contemporary Ewe Personal Names. *Proceedings of INCEDI 2016 Conference 29th-31st August 2016, Accra, Ghana,* pp.610-619.

Lieber, R. (2010). *Introducing morphology (ed.).* Cambridge: Cambridge University Press.

Mandende, I. P. (2009). *A Study of Tshivenḓa Personal Names*: A PhD Dissertation at the University of South Africa.

Matthews, P.H. (2002). *Morphology. (2nd edition).* Cambridge: Cambridge University Press.

Mitikkuu Dibbeessaafi Gammachuu Galaalchaa. (1992). Seerluga Afaan Oromoo Hidhaa Lammaffaa. Dhaabbata Mala Quunnamtii Giddugaleessa Ministeera Barnootaa. Ellen Printing Press.

Mphela, L. (2010). *An Analysis of Personal Naming in the Moletjie Area of the Limpopo Province: An Onomastic Approach.* MA Thesis. University of Limpopo: School of Languages and Communication Studies.

O'Grady, W.(1996). *Contemporary Lingustics Analysis, An Introduction. (3rd ed.),* Tronto: Copp Clark LTD.

Rey, A. (1995). *Essays on Terminology*. Amsterdam: John Benjamins Publishing Company.

Tesfaye Gudeta. (2014). Morphosemantic Analysis of Oromo Personal Names. *National Journal of Innovative Research and Development*, 3 (13): 252-258.

Tesfaye Gudeta. (2014). Typology of Oromo Personal Names. *International Journal of Science*: *Basic and Applied Research (IJSBAR)*, 19 (2): 17-34.